# XIINXALA GA’EE QOODDATAAF QOODDACHIISAA ASOOSAMA ONNEE DHUGAAN MADEESSE

**GINDAABAA TAFARII MOOSIISAATIIN**

**WARAQAA QORANNOO DIGIRII BAACHIL ARTII AFAAN OROMOO,**
**OGBARRUU FI FOOKLOORII**
**GAMISAAN GUUTTACHUUF DHIYAATE**

**MUUMMEE AFAAN OROMOO OGBARRUU FI FOOKLORII,**
**KOLLEEJJII NAMOOMAA,QO’ANNOO AFAANOTAA**
**JOORNAALIIZIIMII FI QUUNNAMTII**
**YUUNVARSIITII FINFINNEE**

**FULBAANA 2021**
**FINFINNEE**

# XIINXALA GA'EE QOODDATAAF QOODDACHIISAA ASOOSAMA ONNEE DHUGAAN MADEESSE

**GINDAABAA TAFARIITII MOOSIISAATIIN**

**GORSITUU DR KURII BAAYISAATIIN**

**WARAQAA QORANNOO DIGIRI BAACHILARII AARTII AFAAN OROMOO,OGBARRUU FI FOOKLOORII GAMISAAN GUUTTACHUUF DHIYAATE**

**MUUMMEE AFAAN OROMOO OGBARRUU FI FOOKLORII,KOLLEEJJII NAMOOMAA,QO'ANNOO AFAANOTAA JOORNAALIIZIIMII FI QUUNNAMTII YUUNVARSIITII FINFINEE**

**FULBAANA/2021**
**FINFINNEE**

**Galata**

Duraan dursee isa jireenysakoo hundaa eegee har’aan naga’ee, akkasumas, baradhee sadarkaa kana irra akkan ga’uuf fayyaaf nagaa naafkennee waaqa huumaakoo hundaan ol nan galateeffadha.jechiikoos gatii oolmaa isaa hin gitu guddaa naaf haagalatoomuu

Itti aansuun qorannaan kun bifa kana akka qabatuuf , jalqabaa hanga dhumaattii na waliin dhama’uun gorsaaf yaada jajjabina qabuu naaf kennuudhaan, nasirreessaafi na qajeelchaa kan turan Dokter Kurii Baayisaa baay’een galateeffadha.

Baradhee hangan sadarkaa kana ga’uutti gargaarsa hundaan kan nabira dhaabbatan obboleettiikoo misgaanee Tafarii, Kamisee Tafarii, Surraanee Girmaa,Abbayyaa Girmaa,akkasumas Wasiilakoo Daanii’eel Taammanaa,Shukkaaree Immiruu.Gatii dadhabbii keessanii Waaqayyoo isiniif habaasu.

Dabalataanis abbaaf haadhakoo.abbaakoo Tafarii Moosisaa,harmeekoo silgee Bayyanaa fooniin biyyaa lafaa kanaa irraa dhibdaniyyuu biqilaan isin dhaabdan yaadannoo seenaa keessaniif kunoo har’a asga’ee sosocho’aa jira.Seenaan keessan yoom iyyuu hin dagatamuu.boolla keessan daadhiin haa guutu,biqiltuun isin dhaabdan hin gognee kunoo firiin isaa as ga’eera.

**Baafata** **Fuula**

Galata ..... i
BOQONNAA TOKKO: ..... 1
SEENSA ..... 1
1.1 .Arirrata ..... 1
1.2 Ka'umsa Qorannichaa ..... 2
1.3 Gaaffiiwwan qorannichi kaasu ..... 2
1.4 Kaayyoo Qorannichaa ..... 2
1.3.1 Kaayyoo Gooroo ..... 3
1.3.2 kaayyoo Gooree ..... 3
1.5 Barbaachisummaa Qorannichaa ..... 3
1.6 Daangaa Qorannichaa ..... 4
BOQONNAA LAMA : ..... 5
SAKATTA'A BARRUU ..... 5
2. Sakatta'a barruu walfakkii ..... 5
2.1. Yaadrimee Qooddattootaa: ..... 5
2.3. Tooftaawwan qooddattootaaf itti ga'e kennan ..... 6
2.3,1. Qooddattoota dhaabbii qaamaan hirmaachisu ..... 7
2.3.2. Qooddattoota amalaan hirmaachisuu ..... 7
2.3.3. Qooddattoota hawwaasummaan hirmaachisuu ..... 7
2.3.4. Qooddattoota xiinsammuun hirmaachisuu ..... 8
2.3.5. Qooddattoota ofin dubbii ..... 8
2.4. Akaakuuwwan Qooddattoota asoosama ..... 9
2.4.1 Qooddattoota gurguddoo ..... 9
2.4.2. Qooddattoota xixiqqoo ..... 10
2.4.3 Maalummaa Qooddattootaafi Qooddaachiisuu: ..... 11
2.5. Sakatta'aa Barruu walfakkii ..... 13
BOQONNAA SADII ..... 15
Xiinxala Ga'ee Qooddataaf Qooddachiisaa Asoosama Onne Dhugaan Madeesse ..... 15
3. malleewwan Qorannichaa ..... 15
3.1. Akaakuu Qorannichaa ..... 15

3.2. Madda Ragaalee Qorannichaa ........ 15
3.3. maloota ittiin ragaalee funaanee ........ 15
3.4.maloota ittiin iddataan fudhataman ........ 16
3.4. maloota ittiin ragaaleen secca'aman ........ 16
3.5. Maalummaa Maqaa Asoosama Onnee Dhugaan Madeessee ........ 16
3.5.1.Qooddatootaa fi Qooddachiisaa Asoosama Onnee Dhugaan Madeessee jedhuu keessaa ........ 16
3.5.2.Qooddattoota Xixiqqoo ........ 18
3.5.3 Qooddataa adda duree asoosamichaa ........ 19
3.5.4. Qooddattoota Masaanuu Asoosamichaa ........ 19
3.6.Ga'ee Qooddatoota Asoosama Onnee Dhugaan Madeesse ........ 20
3.6.1.Qooddattoota Ga'ee Haadhummaa/Dubartummaa fudhachuun hirmaatan ........ 20
3.6.2 .Qooddattoota Ga'eeAbbummaa fudhatan ........ 23
3.7.Ga'ee Jaalala Dargaggootaa kan Jaalleewwanii Fudhachuun kn hirmaatan ........ 24
3.7.1.Xiinxala eenyummaa keessoof alaa qooddataaf qooddachiisaa ........ 25
**3.7.2. Xiinxala eenyummaa keessaf alaa qooddattoota masaanuu** ........ 26
3.7.3.Xiinxala eenyummaa Goobaan Galeessaa ........ 28
3.7.4.Xiinxala eenyummaa Jaalallee Goobaangaleessaa ........ 28
3.7.5.Xiinxala eenyummaa keessoo obboleettii goobaan galeessaa ........ 29
BONNAAAFUR ........ 30
4.Cuunfaa,argaannoo fi yaada furmaata ........ 30
4.1. Cuunfaa ........ 30
4.2.Argannoo ........ 31
4.3.Furmaata ........ 31
Wabii ........ 32

# BOQONNAA TOKKO:

# SEENSA

## 1.1 .Arirrata

Ogbarruun Oromoo yeroo amma kana sadarkaa garagaraatiin yeroo inni guddinarra jiru ta’uun isaa beekamaadha. Garuu guddinaafi baayyina uummata Oromoo waliin yeroo walbira qabamee ilaalaamu sadarkaan guddina isaa kan nama quubsu miti. Sababni ogbarruun afaanichaa baayyina uummata oromoo waliin kan wal madaalu miti.Kunis kan ta'ee sababoota garaa garaatiin Yeroo amma kana garuu qabsoo uummanni Oromoo taasiisaniifi carraaqmoo taasisaa jiranin ogbarruun afaan Oromoo barreeffamaa jiraachuufi qorannoowwan sadarkaa garagaraatti irratti qoratamaa jiraachuun sadarkaa jajjabeessa irraa ga’aa jiraachuun isaa abdachiisaa jira.

Qorannoon kunis dhiimma ogbarruu Oromoo kan qoratuu yoo ta'u, xinxala qooddattootaafi mala Qooddaachiisuu asoosamaa dheeraa Onnee dhugaan madeesse irratti kan xiyyeeffatudha.

Ogbarruun oguma afaanii fi oguma barreeffamaa jedhamuun bakka lamatti qoodama:

Oguma afaanii kan jennuu kan afaaniin bifa miidhagina qabuufi yeedaloo qabuun oguma uummanni (hawaasni) tokko addatti ittiin beekamu ta’e kan beekumsa, siyaasaa, dinagdee, hawaasummaa, muuxannoo hawaasaa, falaasama, afaanii,fi eenyummaan saba tokko karaa ittiin dhaloota dhalootatti ittiin darbu oguma afaaniidhaani.

oguma barreffamaa kan jennuu kan barreeffaman dhiyaatu ta’ee bu'uurri isa oguma afaanii kan ta’e yoo ta’u barreeffaman dhiyaataa. Oguma barreeffaman dhiyaatan keessa tokko asoosama.

Asoosamni kalaqaa argaa yaadaa kan barreeffaman kalaqamee

Calaqqee jiruuf jireenya dhugaadhala namaa jireenyanamaa Addunyaa keessatti kaasee kan mul’isuudha. Kunis mudannoo, muuxannoofi gufannoo namni haala jiruuf jireenya isaa keessatti argamu mul’isuuf sammuu keessatti kalaqamee waraqaa irratti mul'atuudha. Dubbistoonnis haala sanarraa dhugaa uummata keessa jiru dhabatuu yookaan taatee darbees ni yaadatu. Qabiyyee ballina isaa irratti hunda'uun asoosama bakka lamatti (2)tti qoodama. Isaaniis Asoosama dheeraafi asoosama gabaabaa jedhamu.

Asoosamoota gosa lamaan (2)na keessatti qooddattoonni ni argamu. Haaluma kanarratti hundaa’uun qorannoon kun qooddattootaf ga'ee qooddaachiisa asoosama dheeraa "Onnee Dhugaan Madeesse" jedhuu xiinxaluun.

## 1.2 Ka'umsa Qorannichaa

Qorannoon tokko yeroo geggeeffamuuf yaadamu, ka'umsa mata isaa qaba. Kanaafuu qoratan qorannoo isaa adeemsisuuf gaaffiiwwan qorannoon tokko kan ibsu qoratan tokko maalirraa ka'ee qorannoo akka geggeessu barbaade kan karaa namatti agarsiisuudha.

Haaluma kanan ka’umsi qorannoo kanaa kan armaan gadii kana ta’a. Kitaabni asoosama dheeraa onnee dhugaan madeesse jedhu kun maxxansa jalqabaa bara 2016 ALA yoo ta’u bifa ga’umsa qabuufi dhugaa waanta qabatamaan hawaasa keessa jiru bu'uureeffate feedhii nama hawwatuun ammayyoomee, kan barsiisa heedduu of keessa qabu waan ta’eef ga'een qooddattootaa achi keessatti argamanii irratti hundaa’uun qorannoon yoo taasifamee qooddattootaafi mala ittiin qooddachifame isaa xinxaaluuf karaa saaqa. Akkasumas dubbisanii sammuutti hubachuuf ga’ee qooddattoonni achii keessa beekamu qabu kan jedhu yaada keessa galchuudhaan yaada kana akka ka'umsattii yaada keessaa galchuudhaan gaaffiiwwan armaan gadii bu'uura godhachuun deebiiwwan isaaniif furmaata ni ta'uu jedhamanii yaadaman bu'uureffachuun qorannoo adeemsiisee jira.

## 1.3 Gaaffiiwwan qorannichi kaasu

Barreessan asoosama keessatti maal irratti hundaa’uun miiraa akkamii gonfachiisuuniifi bakka akkamitti fakkaattota qooddachiise?

Haallii qooddachiisaan asoosamichaa sabseenaa fi ergaa akkasumas firiiwwan asoosamaa kanneen biroo waliin walqabatee deemaa?

Qooddattoonni asoosamichaa ga’ee maalii qabuu; dhimma qooddachiifamaniif sana agarsiisu danda'u Dhugaan waanta qabatamaan uummata keessa jiruuf taateen qooddattoonni raawwaatan yookaan qooddattoota irratti gochii raawwaatamee walmaddii ni deemaa? Kan jedhuu xinxala.

## 1.4 Kaayyoo Qorannichaa

Kaayyoon qorannoo kanaa haala waligala qorannaa kanaafi haala murtawaa qorannaa kanaa irratti hunda'uun karaa lamaan (2) ilaalamu danda'a.

### 1.3.1 Kaayyoo Gooroo

Xiinxala ga’ee qooddattoota asoosama dheeraa “ Onnee Dhugaan madeesse ” jedhuu keessa xiinxalee ga’ee qooddattootaa achi keessatti argamanii adda baasee tokko tokkoo isaanii akka waliigalatti agarsiisuudha.

### 1.3.2 kaayyoo Gooree

Kaayyoon gooree qorannaa kanaa immoo

Maalummaa maqaa asoosama Onnee Dhugaan Madeesse ni ibsaa

Maqaan asoosamichaa maal irratti hunda'ehiikkaa yaada barbaadame akka hubatamuuf ni ibsa.

Seenaa asoosama Onnee dhugaan madeesse gabaabinaan ni ibsaa

Gosoota qooddattootaa asoosamicha keessa goobangaleessa, qooddattoota gargaartu fi qooddattoota masaanuu asoosamichaa ga'ee isaan qabaniin ni ibsa.

Ga'ee qooddattoonni dhuunfaan qaban ni ibsaa.

Haala qooddachisa qooddattoota keessoo fi alaa Dhimmoota eenyummaa keessoon qooddachiisuufi eenyummaa alaan qooddachisaan ni ilaalla. Kunis akkaataa qooddaachiisaan qooddattootaaf waa'ee keessoo isaanii isaa dhoksaa dandeetti, safuu, amala, garalaafina, hammina shira xaxuu fi haala ilaalcha keessoon isaanii ni ibsa. Akkasumas waa'ee eenyummaa alaa isaani gochaa qaamaa, bifaa. dhaabbii qaamaa, sadarkaa jireenyaa fi sadarkaa barnoota ni ibsa.

### 1.5 Barbaachisummaa Qorannichaa

Qorannoonkun faayidaa adda addaa /garaagaraa akka qabu amana.

Qaamoota qorannoo kana fakkaatu adeemsisuu barbaadaniif akka ka'umsaatti isaan fayyaduu danda'a.

Haala salphaa ta’een ergaan asoosamichaa akka dafee namni qooddattoota irraa gahee isaaniif kennamee irraa hubatuu ni gargaaraaraa.

Ragaa barreeffaman taa'ee dhaloonni itti aanuu akka itti fayyadaman goochuuf.

Ga'ee qooddattoonni asoosama keessatti qaban akka beekaniif ni fayyada.

Seenaa kitaabichii irrattii daangeeffamuu Asoosama Afaan Oromootiin barreeffamee keessaattis ta’ee akkasuma.

Milkaa'ina eebbaa qorataa Kanaaf ga’ee ol aanaa ni qaba

Haala qooddataaf qooddachiisaa asoosamichaa qofa xiinxala.

## 1.6 Daangaa Qorannichaa

Qorannoon tokko geggeeffamuuf daangaa kan mata isa qaba. Yoo akkas ta'e malee gaaffiiwwan murteessaa tokko deebisuu hin danda’u. Kanaafuu qorannoon kun asoosama dheeraa"Onnee Dhugaan Madeesse" irratti hunda'uun kanneen armaan gadiin daangeeffame geggeeffame.

Maalummaa asoosamaOnnee Dhugaan Madeesse ibsuu.

seenaa gabaabaa asoosama dheeraa Onnee Dhugaan Madeesse  ibsuu

Faayidaa qooddattoonni asoosama keessatti qaba.

# BOQONNAA LAMA :

# SAKATTA'A  BARRUU

## 2.  Sakatta'a barruu walfakkii

Mataduree kana jalatti qorannoowwan kanaan namoota adda addaan qorannoo adeemsifaman kanneen qorannoo kana waliin walfakkaatantu ilaalama.Kana malees waraqaaleen eebbaa barattootaan yeroo adda addaatti tasifamantu keessa kanneen qorannoo kanaan tokkummaa fi garaagarummaa qabantu dhiyaata. Haala kanaan asoosama filatame kanarratti firiiwwaniifi dhimmoota kan biroo asoosamichaa ilaalchisuun hanga ammaatti adeemsifaman keessa muraasa isaanii akka itti aanuu kanatti dhiyaataniiru.

### 2.1. Yaadrimee Qooddattootaa:

Asoosamni gosoota ogbarruu barreeffama keessa tokko ta'ee umuriin tajaajila kennuu isaa kan egalee kan walaloo fi diraamaa caalaa yeroon isaa gabaabaadha.

Asoosamni argaa yaadaa barreessan kalaqame, suuraa jireenya dhala namaa addunyaa dhugaa keessatti kaasee kan mul'isuudha.  Yaada kana akka Fedhasaan (2019:93), irratti ibsutti " Asoosamni muudannoo fi mufannoo hawaasni tokko haala jiruufii jireenya keessatti muuxatu mul'isuuf sammuu barreessaa keessatti kalaqame waraqaarraatti Mul'ata." jechuun ibsa. Asoosamni kamiyyuu haala ittiin ijaaramuufi wantoota irraa ijaaramuu kan mata isaa ni qaba. Wantootnii kunneenis firiiwwan  asoosama jedhamuun beekamu.

Firiiwwanii asoosama kanneen jedhaman:  Qooddattoota,  sabseenaa, yoomessa,  ergaa, waldhabbii,  kallattii seeneessufi jargochaa ni qaba. Walsimsiistoonni asoosama immoo ibsa dha'aa deddeebisaatiin kan mul'ataniidha. Faayidaan walsimsiistotas firiiwwan asoosama walsimsiisuudha.  Firiiwwan asoosama kanneen qorannaaf haala mijeessuuf moggaasa garaagaraa haa qabaatan malee addaan baafamani  hin mul'atan,  walqabatu.

Qooddattoonni asoosama:  qooddattoota gurguddoo kan biroo immoo qooddattoota garagartuu/ xixiqqoo bakka bu'iinsi isaan asoosamichaa keesati Onnee Dhugaan Madeessee  yeroo gabaabaa ta'eedha.  Yaada kana akka  Fedhasaan, (2019),  jedhutti Qooddattoota gurguddoo kan jedhaman kanneen seenaa asoosamaa keesatti ga'ee gurguddaa qabaatanidha. Ijaarsa jargochaa keessstti daandii baay'ee qaxxaamuru danda'u.Yeroo gabaabaa yoo turanis seenaa hin dagatamnee

raawwatanii darbuu.Wanti isaan godhaniis seenicha fuuldura deemsisuu keessatti bu'aa guddaa gumaachu jechuudha.

Qooddattoonni xixiqqoon: garuu seenaa fuuldura deemsisuu keesstti bu'aa isaan buusan xiqqoodha. Yeroo baay'ee altokko mul'atanii baduu. Takkaa mul'atanii baduun kunis amala isaanii isa bu'uuraati. Qooddattoonni kanneen tooftaawwan qooddachisuu jiran keessaa tokko yookaan lama qofa kan hirmaataniidha. Jalqaba seenaa asoosamichaa hanga xumura isaatti ga’ee fudhachuun kan hirmaatan osoo hin taanee bakkuma tokko lamaatti qofa mul’achuun ga'ee isaanii ba'uun deebi'ani kan badaniidha.

Walitti dhuufeenyi isaan qooddattoota gurguddoo waliin qabanis ga’ee fudhatan sana galmaan ga’uuf gumaacha godhu. Kana jechuun qooddattoonni xixiqqoo ga’ee xixiqqoo fudhachuun harka caaluun waa'ee qooddattoota gurguddoo odeessuu jechuudha.Qooddattoonni xixiqqoon seenaa asoosamichaa dabarsuu keessatti ga'een isaan qaban muraasa.

## 2.3. Tooftaawwan qooddattootaaf itti ga'e kennan

Barreessitoonni qooddattootaaf wayita ga’ee kennan haalli isaan itti ga’ee kana qoodaniif haala garaagaraan ta’uu kan danda'uudha. Garuu akka waligalaatti yeroo ibsamuu

> as writers may present his character in two ways, directly by telling the reader the role of the characters and indirectly through action by which characters maybe known though the characters action is in escapable and indirectly through action by which his characters maybe known through the characters action in escapable and important the role of observation is equally crucial ( Harry show, 1905:58).

Kaanaafuu barreessitoonni haala isaniif mijaatuun kaayyoo koo galmaan naf ga'a jedhanii kallattii yaadaniin qooddattoota isaaniif ga'ee kennuu danda'u yaada kana Harry show (1905:71), irratti yoo ibsuu“ writers uses or all of several basic means of characters of action character is reveateted by (1) by action, (2),by speech, (3) by is thought, (4) by physical of experience, (5) by telling what others characters says think of them

malawwan barreessitoonni qooddattootaaf barreeffamicha keessatti karaalee shanan (5)an ittiin ga’ee kennan armaan olii kun yeroo hedduu kan namoonni baay’een kanatti fayyadamaniidha. Jedhamanii kan dhiyaataniidha. Kana alattis tooftaan dhuunfaan barreessitoonni qooddattoota isaaniif itti ga’ee qoodan jiraachuu mala.

Haala kanan qooddata tokko uumuuf dalagaa inni seenaa asoosama sana keessatti dalaguu fi ga’e Inni fudhate ka'e irratti hunda'a jechuudha.

Akka Fedhasaan (2013 :7), irratti ibsetti “yeroo qooddattootaaf ga’ee yeroo laannu karaa adda addaa akka rawwatuu argina. Barreessan tokko qooddattootaaf karaalee armaan gadii ga'ee isaaniif kennuu danda’a. Isaanis : 1 Qaamaan 2 amalaan 3 hawaasummaan 4 xiinsammuun 5 waliin dubbii uumuuf ˝ akka yaada kanatti seenaa asoosama tokko keessatti qooddattoonni karaalee shanan ga’ee isaanii ba'uun akka danda'an kan ibsuudha. Ga'eewwan kanneen akka ittii aanuutti haa ilaallu.

### 2.3,1. Qooddattoota dhaabbii qaamaan hirmaachisu

Barreessan tokko asoosama barreessa yoo ta’ee duraan dursee qooddattoota itti uummachuu qaba. Qooddattoonni kunis kanneen asoosamicha keesatti ga’ee dhuunfaa isaanii qabatanii dhimmaa barbaadame galmaan ga’u. Kanaaf Barreessaan qooddattoota isaa dhaabbii qaama irratti hunda'uun yoommuu hirmaachisu baay'ee dheeraa ta’uu, baay'ee furdaa ta’uu, baay'ee gabaabaa ta’uu, baay'ee qallaa ta'uufi kan kana fakkaatan taasiisuun qooddattoota isaa hirmaachisaa. ( Lataa Tasfaahun, 2003:11)

## 2.3.2. Qooddattoota amalaan hirmaachisuu

Barreessaan qooddattoota isaa amalaan hirmaachisu yoo barbaadee amaloota hawaasa keessatti beekamuun hirmaachisaa.Amala hawaasa keessatti hin beekamneen hirmaachisu hin danda’u Sababni isaas namni amala hin beekne tokkootti hiika kennuu hin danda'u.

Kanaafuu Barreessaan tokko amaloota hawaasa keessatti beekaman yeroo fayyadamu tokko gowwaa taasiisuun, tokko abshaala taasiisuun, tokko arjaa, tokko immoo doqnummaan, tokko baay'ee aarsuun, kani immoo baay'ee obsa qabaachisuun amalawwan wal faallaa ta’een ga’ee fudhatanii seenaa asoosama sana akka sochoosan yookaan galmaan ga’an godha.

### 2.3.3. Qooddattoota hawwaasummaan hirmaachisuu

Qooddattootahawwaasummaan hirmaachiisu jechuun Barreessaan dhimma hawwaasummaa keessa jirufi hawaasa keessatti kan beekamuu gadi baasee kan ibsuudha. Kunis haalota hawaasa biratti fudhatama qabuufi hin qabne irratti hunda'a. Ogbarruun immoo karaa dhimma sana ittiin ibsaaniidha. Qooddattoonni asoosama keessa jiranis kan hawaasa sana keessa ba'aniifi kan Hawaasnii beekuu ta'uu qabu. Kana ilaalchisee Barreessaan maal gochuu akka qabu hayyuun,

maxxanfame gunter (1975:10), yoo ibsu “ The writer emotional and sytylistic approach to the subject matter must be built to the idea. That you must know before you must talk to amy editor and before you start to write pitvirdly how you feel about the subject and how you want to the reader to feel ″ qooddattoonni asoosama ija hawaasaan yoo ilaalamuu hawaasicha keessatti maaliin akka beekamu asoosamicha keessa argachuu dandeenya.

Fakkeenyaaf hammeenyaan beekamuu faallaa isaa immoo garraamummaan kan beekamu jiraachuu danda'a.

Tokko namoota waliin walitti fidee tokkummaa uumee jiraata yoo ta’e faallaan isaa immoo kan namoota gargardigee addaan baasuu jiraachuu mala. Odeeffannoo kana qooddattoota irraa akkasumas seenessa irraa dhaga'uun ni danda'ama.

### 2.3.4. Qooddattoota xiinsammuun hirmaachisuu

Haala xiinsammuun qooddattootaa asoosama keessatti hirmaachisuun baayinaan asoosamoota jaarraa 20ffaa keessa ba'an keessatti Mul’ata. Adeemsi kun qooddattoonni maal akka yaadan miirri akkam akka itti dhaga'amu kan agarsiisuudha. Adeemsa xiinsammuun hirmaachisu keessatti Barreessaan waa’ee qooddattoota kallattiin hin ibsu, yookaan hinseenessu. Yaadni qooddattoota akkamitti sammuu keessatti akka dhangala'uu ibsuu irraa kan hafee jechuudha.

Haala kanaan dhiyeessuun hedduminaan abjuu, machii, mirqaansaa, aarii, gammachuu, gaddaa fi kan kana fakkaatan qooddattoota irraa burquudhaan kan mul'atuudha.

### 2.3.5. Qooddattoota ofin dubbii

As keessattidubbisan waan sammuu qooddattoota keessa jiru dafee saffisaan adda baafachuu hindanda'u. Haala isaaf xinsammuu qoodata sanarraa ka’uun ga'ee eenyummaa fi maalummaa isaa tilmaama jechuudha.

Walumaagalatti adeemsa qooddattoota uumuu keessatti Barreessaan namoota uumeef amala, sadarkaa, bifa qaamaa, safuu miiraa fi xinsammuu, ilaalcha qooddattoota kaaniif yookiin haalootaaf qaban, fi kan kana fakkaatan wajjin uuma.

Dandeettiin qooddattoota uumuufi gochoota raawwataman haala ga’umsa qabuufi milkaa'aa ta’een raawwachiisuu “ mala qooddachiisuu ″ ( characterization) jedhameetu beekama.

Namoonni gochoota kana akka raawwataniif uumaman immoo qooddattoota (characters) jedhamu.

## 2.4. Akaakuuwwan Qooddattoota asoosama

Asoosama tokko keessatti qooddattoonni uumaman ergaa asoosamichaatif gumaacha qabu.Asoosama keessatti akaakuuwwan qooddattoota garaagaraatu mul'ata.Haala dhiyeenya ga'ee fudhatanii fi yeroo turtii yookaan jijjiirama asoosamichaa keessatti agarsiisan irratti hunda'uun qooddattoonni asoosama bakka gurguddoo lamatti qoodamu. Isaaniis qooddattoota gurguddoo (major characters)  fi qooddattoota xixiqqoo (minor characters)  jedhamuun kan beekamiidha.

Yaada kana Halic and burnet (1975:45), Irratti waa'ee qooddataa guddaa kana yoo ibsaan " major character is as person in a literary selection who is fully described as to be recognizable others standable and individual different from all others oppearing in the same selection ″ jechuun ibsu. Akka yaada kanatti qooddatan guddaan nama yaadarraa hojii asoosama guutummaa guutuutti mul'atu,fudhatama kan qabu kan ifaa fi ifatti dubbistootatti agarsiifameefi haala walfakkaatuun qooddattoota kanneen biro irraa adda kan ta'eedha.

### 2.4.1 Qooddattoota gurguddoo

Qooddatan kun akkamitti qooddattoota xixiqqoo kanneen biro irraa akkamitti adda ta'ee jedhamee dubbistootaan yoommuu geggeeffamu,  Qooddatan kun amala adda addaa agarsiisu danda'a. Alaafi manni isaa qaamnii dubbii keessa bifti isaa kallattii hedduu adda ta'ee kan mul'atuudha . Asoosamicha keesstti jalqabaa kaasee hanga xumuraatti kan qooda kan fudhatudha.

Karaan filataman qooddataa kan ittiin beekuu dandeenyuu fi haala amansiifamuu danda'uun ajaa'ibsiifamee dhiyaachuu fi dhiisuu isaatiiniidha.

Qooddataa guddaa kana bakka lamatti (2)tti  qooduun ilaaluun ni danda'ama. Isaanis : 1 Qooddataa goobangaleessa ( qooddataa guddaa) fi qooddataa masaanuudha.

Qooddatan guddaan qooddattoota kan biroof annisaa ta'ee kan sochoosuudha.  Kanaaf qooddattoota jiran keessaa isaa hangafaa fi bu'uura ta'eedha.

Qooddatan masaanuun immoo qooddataa guddaa asoosama ta’ee hojii faallaa goobangaleessa daalaguun kan mul'atudha. Harry shaw (1905:25) irratti waa'ee qooddataa akkanan yoo ibsuu ❝ in literature such an adversary character is the principal opponent or foil of the main character and thus often galled, same times loosely and incorrectly the villain.

Asoosama keessatti goobangaleessi kaayyoo tokko ga'eerga godhatee fudhatee ka'ee galmaan ga’uuf yoo tattaafatu gufuu itti ta’uun shira xaxuun hojii faallaa hojjetee walitti bu'insi qooddattoota gidduutti akka uumame taasiise seenaan asoosamichaa fuula duraatti akka tarkaanfatu kan taasiisu qooddataa masaanuudha. (antigonist)dha. Zarihun Asfaw (1996:154) yoo ibsuu kitaaba keessatti yaada kana seenaan asoosama tokko yoo dhiyaatu dursa irratti seeniichi kan eenyuuti? gaaffii jedhuutu ka’a. Wanti dalagamuufi dubbatamu hundii kan fakkaattii asoosamicha keessati ta’uu kan danda'u qooddataadhuma sananII. Gochii isaan raawwatan kun immoo yeroo fi bakka murta'ee ni qaba. Kunis yoomessa seenaa sana kan nutti agarsiisuudha.

Gama biraatiin waa'ee qooddataa yoo kaafnu walitti dhuufeenyafi walitti bu’insa isaan gidduu jiruu ni ibsaa. Haaluma kanaan firiiwwan asoosama hundi inni tokko isa kan biraaf ka'umsa ta'uun walhidhatanii kaayyoofi ergaa asoosama tokko galmaan ga’uu danda'u jechuudha.

## 2.4.2. Qooddattoota xixiqqoo

Qooddattoonni xixiqqoon garuu seenaa fuuldura deemsisuu keessatti bu'aan isaan buusan xiqqoodha.Yeroo baay'ee aluma tokko mul'atanii badu.Lafasaan ka’an malee Lafasaan ga’an arguun dirqama miti.Takkaa mul'atanii baduun kunis amalasaanii isa bu'uuraati.

Garuu seenaa qooddattoota gurguddoo gargaruun, bakka itti argamanitti hojjetanii darbuu.Kunis bakka isaanitti qofa bu'aa buusuun mul'atanii gargaraanii darbuu.

Firiiwwan asoosama kanneen armaan olitti tarreeffaman keessa qorannoon kun ga'ee qooddattoota irratti yoo ta’u inni ga’ee qooddattoota asoosama dheeraa Onnee Dhugaan Madeesse jedhuu keessatti argaman maal akka ta’an xiinxaluufi secca'uu irrattii xiyyeeffata.

Walumaagalatti akaakuuwwan qooddattoota asoosama bakka gurguddoo lamatti haa qoodaman malee gochaafii amala agarsiisan irraayyi hunda'uun amala mata mataa isaani kan dhuunfaatti ni

qabatuu. Kunis deggertoota goobangaleessaafi deggertoota masaanuu goobangaleessa jedhamuun bakka gurguddaa lamatti qoodama jechuudha.

### 2.4.3 Maalummaa Qooddattootaafi Qooddaachiisuu:

Qooddataan akkuma firiiwwan asoosama kanneen biroo hojii kalaqaa ogbarruu uumuu keessatti iddoo guddaa qaba.Seenaan asoosama tokkoos qooddataa malee galmaan gahuu hin danda’u. Namoonni ergaa asoosama tokkoo beekuuf kan isaan hordofan qooddattoota asoosama keessatti argaman irratti hunda'a. Dhugaa jiruu beekuuf immoo akkaataa Barreessaan asoosama keessatti qooddattootaaf gahee itti kenneetu murteessaadha.

Maalummaa qooddataa ilaalchisee Harry Shawaa(1905:7) akka jedhuutti « in literature character has several other specific meaning notable that of as person represented in as story novel play and etc yaada kanarraa wantii hubatamuu hojii ogbarruu keessatti bakka bu'ummaa namoota dhugaa addunyaa kana irraa fudhaachuun fakkaatanii gochuufi seenaa asoosamaani, diraamaa, taphoota adda addaa fi kan kanaa fakkaatan keessatti ga’ee olaanaa qabaachuun kan seenaa barruu dhiyaate sana galmaan ga’an qooddattoota ogbarruu kalaqamee sana keessatti qooda fudhatan ta’uu isaaniiti.

Qooddattoonni kun hojiiwwan ogbarruu kanneen akka raagoo, sheekkoo, Oduu durii, fi kanneen biroo keessatti nama ta'uu dhiisuu danda’u. Garuu yeroo baay'ee wantoota namni raawwaachuu danda’u raawwaachuun, dubbachuun qooda namoota fudhatanii dhiyaatu. Gama biraatiin immoo haallii qooddattoonni kun hojii asoosama keessatti kallattii garaagaraattiin itti fayyadamuu hirmaachisuun uumuun qooddachisaa / characterization jedhamu.

Kana malees qooddachisaa yaadrimee jedhamuuf qeeqtootni fi barreessitoonni garaagaraa kallattii hedduun hiika itti kennaniiru. Hiikni kunis: kan itti kennamee kallattii ogummaafi hubannoo namoota yaada kennaaniin Haata'u malee yaadni waligalaa yookaan yaadrimeen hiika isaanii walbira hinfagaatu kanneen keessa.

Sababni isaas qooddachisaa haala dhiyeessuu yaadaafi amala namoota hojii ogbarruu keessatti kalaqaa sammuutiin uumamaanii qofatti waanta daangeessuufiidha.Kana ilaalchisee dhimmi jiru garuu eenyummaa namummaa qooddattoota illee qooddachiisu jalatti hammatamuu isaatii.

Kanaafuu asoosama keessatti qooddatan yoo hirmaatuu xiinsammuun, bifaan, feedhii fi ilaalcha ta’uu qaba.

Kanarraa ka’uun qooddataa uumuun ogbarruu gaarii dhiyeessuu fi gumaacha olaanaa waan qabuuf xiyyeeffannoo guddaan itti kennamu kan qabuudha.

Qooddachiisni wiirtuu hojii ogbarruuti. Kana jechuun qooddattoota asoosama tokko keessatti dhiyaatan haala gaariin kan hin qooddachiifamne seenaa fi ergaa asoosama sana waliin kan hin deemne yookaan kan wal hin simne yoo ta’e miidhagina gonfatani haala dubbisan hubachuu danda’uun kan hin hirmaachifne fi ga’een is aan qaban haalli dhiyeenya (style) isaanii kaayyoofi galmii isaanii kan hin beekamne yoo ta’ee ogbarruun dhiyaate sun hanquu ta'aa. Dubbistoota biraattis fudhatama dhaba jechuudha.

Akka waligalaatti qooddachifni haala Barreessaan itti amala, bifa fi eenyummaa qooddattoota keessatti dhiyeessuu waan ta'eef dhugaa qabeessummaafi argaa yaadaan kan hin jijjiiramne fi kan jijjiiraman ta’uun qooddataan adda ba'ee mul’achuu qaba. Sababni isaas hojiin aartii miidhagina bifiiyyeefi qabiyyee akkasumas ergaa bu’uureffatee waan dhiyaatuuf gaa 'eessummaafi bilchina qooddataa asoosama keessatti Barreessaan uumeen akka ta’eetu hubatama jechuudha.

Kanaafuu adeemsi qooddataa bifa garaagaraan hirmaachisuun kun kan inni of keessatti hammatu :

- Nama ga’e itti kenname sana galmaan ga’aa jennee hawwasa keessa yaadaan barbaaduun uumuu.
- Nama sanaaf ga’e kennuufii barbaanne waliin madaalu.
- Utuu ga’e hin kenniniif dura afaan, amala gochaa, umurii, saala qooddataa uumnee sana adda baasuu.
- Ga’ee fudhatamee hawaasa keessatti beekamuufi raawwatamuu danda'uun agarsiisuu danda'uu.
- Haala kana duraan dursinee qooddataaf ga’e laachuutti osoo hin darbin, ga’e sana ba'uuf qooddatan sun qaaman amalaan,hawwasumman xiinsammuun waliin dubbiin maal ta’uu akka qabu erga addaan baafanne booda gara akka ga’e ga’ee isaanitti hirmaachisuutti dhufna jechuudha.

## 2.5. Sakatta'aa Barruu walfakkii

mata duree kun qoratan qorannoowwan kana dura namoota biroon adeemsifaman walin tokkummaa fi garaagarummaa isaan qorannoo kana walin qaban bakka itti heerruudha. Haaluma kanan qorannoowwan kanan dura namoota adda addaan taasifaman keessa kan qorannoo kana walin fakkaatan ilaallaa.

Lataa Tasfaahun Margaa (2003) xiinxala qooddachisa qooddattoota asoosama "Imaanaa Imaltuu"

Lataan qorannoo isaa mata duree xiinxala qooddachisa asoosama Imaanaa imaltuu jedhuu irratti yeroo adeemsiise qorannoo isaa boqonnaa afuritti qooduun kan dhiyeesse yoo ta’u, boqonnaa tokko keessatti seensa duubee ka'umsa, kaayyoo, faayidaa / barbaachisummaa, daangaa, hanqina, malawwan qorannoo; madda ragaalee mala ittiin ragaalee secca'ee dhiyeesseera .

Boqonnaa lammataa keessatti immoo, sakatta'aa barruu walfakkiin jechuun dhiyeesseera. Kana malees boqonnaa sadaffaa keessatti xinxala qooddachisaa qooddattoota asoosama imaanaa imaltuu jedhu secca'uun akaakuu qooddattoota asoosamichaa, qooddataa goobangaleessa, qooddataa xixiqqoo, haala qooddachisa qooddattoota ga’een qooddattoota asoosamichaa qooddachisa Haadhummaa /Dubartummaa, qooddachisa daa'imummaa, qooddachisa jaalalaa Dargaggeeyyii / Jaalalleewwanii dhiyeesseera. Boqonnaa 4ffaa keessatti cuunfaa fi yaada asoosamicha cuunfee ibse jira.

Haaluma kanan qoratan kun immoo boqonnaa tokkooffaa keessatti seensa /seenduubee qorannichaa, ka'umsa, kaayyoo, faayidaa, daangaa, kaayyoo gooroo fi gooree, hanqina, malawwan qorannichaa, akaakuu qorannichaa, madda ragaalee, mala ittin ragaalee funaanee mala ittiin iddataa fudhatee fi mala ittiin ragaalee isaa secca'ee ibseera.

Boqonnaa lammaffaa keessatti sakatta’aa barruu; yaadrimee fi walfakkii adeemsiisuun yaadrimee asoosama, gosoota asoosama, firiiwwan asoosama, yaadrimee qooddattoota, gosoota qooddattoota haala itti qooddattootaaf itti ga’ee kennan ibsuun dhiyeesseera.

Boqonnaa sadaffaa keessatti immoo xiinxala ga'ee qooddattootaa fi mala Qooddaachiisuu asoosama dheeraa "Onnee Dhugaan Madeesse" jedhuu yoommuu geggeessuutti maalummaa maqaa asoosamichaa seenaa gabaabaa barreessicha kitaabaa asoosamichaa Amantii Lookoo Guutamaa jedhu erga heeree akaakuu qooddattoota asoosamichaa keessa jiraniifi xinxala eenyummaa keessoo fi alaa qooddattootaa asoosama dheeraa Onnee Dhugaan Madeesse jechuun mala sakatta'aan dubbisuutti dhimma ba'uun qooddattoota goobangaleessa, Masaanuu, gargaartu /xixiqqoo kanneenii tokko tokkoon heeruun ga'ee isaan asoosamichaa keessatti qabaniifi eenyummaa dhunfaa keessoo fi alaa kan tokko tokkoo isanii waliin dhiyeesseera.

Boqonnaa 4ffaa keessatti cuunfaa yaada argannoo, yaada fi wabii heeruun dhiyeesseera.

Kanaaf tokkummaa fi garaagarummaa qorannoowwan kana lamaanii too ilaallee: Tokkummaan isaan waliin qaban qorannoowwan kun lamanuu boqonnaa 4,4in qoodamanii dhiyaataniiru. Qorannoowwan kun lamanuu gosoota ogbarruu barreeffama keessa qooddattoota irratti qorannoo godhaniiru. Akaakuu qooddattoota asoosama lameen keessa jiran haala walfakkaatan sakatta'aanii baasuun qooddattoota goobangaleessa, masaanuu, qooddattoota kanneen ga’ee haadhummaa /dubartummaa, jaalala dargaggeeyyii Jaalalleewwanii abbummaa sakatta'uu irratti lamanuu kan walfakkaatan yoommuu ta'an

Garaagarummaan isaan waliin qaban immoo akka itti aanutti dhiyaataniiru. Qorannoo Lataa adeemsiise keessatti lataan boqonnaa tokko keessatti sababa qorannichaa jechuun kan kaa’e yoo ta'u qorannoo kun immoo malawwan qorannichaa jechuun kaa’eera. Akkasumas garaagarummaan qabiyyee qaranoowwan kana lamaan (2)n gidduutti argamuu Lataan qorannoo kana qooddataaf ga'ee isaaniif kennamee qofa irratti xiyyeeffate. Qorannoon kun garuu qooddattootaafi mala Qooddaachiisuu sababa ta'eef waa'ee barreessaan yoo barreessee eenyummaa qooddattootaaf kan keessoo alaa qorannoon kun ni ilaalaa.

# BOQONNAA SADII

## Xiinxala  Ga’ee Qooddataaf Qooddachiisaa Asoosama OnneDhugaan Madeesse

### 3. malleewwan Qorannichaa

### 3.1. Akaakuu Qorannichaa

Qorannoon kun ga’ee qooddattoota asoosama Onnee Dhugaan Madeesse jedhu keessatti argamanii xiinxalee dhiyeessuu irratti waan xiyyeeffatuuf qorannoo bu'uuraa jalatti ramadama. Bifa /mala ittiin dhiyaatuun qorannoon kun ga’ee qooddattoota asoosama Onnee Dhugaan Madeess kan gamtaan qabaniif dhuunfaa  isaaniin qaban adda baasuun bifa ibsaan waan dhiyeessuuf qorannoo ibsitu jalatti ramadama.

mallii ittiin qorannoon qoratamee akkam ta'aan waan secca'eef /funaaneef qorannoon kun qorannoo Akkamtaa jalatti ramadama.

### 3.2.  Madda Ragaalee Qorannichaa

Maddii ragaalee qoratan qorannoo Kanaaf itti fayyadamee kitaabuma asoosamOnnee  Dhugaan madeesse jedhu qofa.

Innis kitaabicha dubbisuun qooddattoota achii keessa jiran hunda ga'ee isaanii waliin addaan baasuun akka inni fudhatama argatuuf immoo dabalatan barruulee garaagaraa ilaaluu Onnee dhugaan madeesse jedhu kana irratti xiyyeeffata

### 3.3. maloota ittiin ragaalee funaanee

Qoratan qorannoo kana yoommuu adeemsiseetti maloonni itti ittiin madda ragaalee isaa irra ragaa funaanee sakatta'aa barruu waan ta’eef sanadaatti dhimma ba’ee

## 3.4.maloota ittiin iddataan fudhataman

Maloota ittiin iddata fudhatan mala iddatteessu miti caarraa fayyadamee jira.Qorannoo kana qoratan kun odeeffannoo qorannoo Kanaaf barbaachisuu yoommuu adeemsiiseetti mala ittiin iddata fudhatan mala iddattessu miti carraa fayyadame. Sababni isaa kitaaba asoosama dheeraa Onnee Dhugaan Madeesse jedhukallattiin waan fayyadameef. Kunis gosoota iddata miti carraa keessa immoo iddata akkaayyootti kan fayyadameedha.

## 3.4. maloota ittiin ragaaleen secca'aman

Qoratan ragaalee maddoota adda addaarraa akkamtaa ibsan funaanee yaada akkamtaa ibsaan ragaalee argate sana waan secca'eef mala iddatteessuu akkamtaa jedhama.

## 3.5.Maalummaa Maqaa Asoosama Onnee Dhugaan Madeessee

I. Kitaabnii Asoosama Dheeraa Onnee Dhugaan Madeesse Jedhuu kun bara 2016 Finfinnee Oromiyaatti kan maxxanfameedha.Barreessaan Asoosama Onnee Dhugaan Madeesse jedhuu Barataan

   Amantee Lookoo Jaallataatiin Amanteen Godina Wallaga Lixaa Aanaa Jaarsootti Dhalate.Amantiin yeroo kitaaba kana barreesse,kutaa 12ffaa barata.kitaabni Asoosamaa kun isaaf kalaqa jalqabaa kan innii ittiin yaada ballifateedha.Kanaaf Asoosamichii isaaf maxxansaa 1ffaadha jechuudha.

> Maqaan asoosama dheeraa onnee dhugaan madeesse jedhuu kanas kan moggaase ergaa seenaa asoosamichaa kan qooddattoota asoosamicha keessatti argaman bifa sabseenaan wal ijaaruun ga’ee fudhaataniin miidhaa isaan walirratti godhan irratti hundaa’eeti.

‘’,,,Obsaanis,’’Onneekoo Dhgaatu madeesse; kunoo har’as dhugaa mullattetu fayisee’’ jedheeAannanee ofitti qabee boo’e.’’(Onnee Dhugaan Madeesse,2016:66)

Kanaaf maqaan asoosamichaaf moggaafamee ergaa dabarsee irratti…

### 3.5.1.Qooddatootaa fi Qooddachiisaa Asoosama Onnee Dhugaan Madeessee jedhuu keessaa

Asoosama dheeraa onnee dhugaan madeesse jedhuu kanaa keessatti qooddatoota ga’ee garaa garaa fudhaatanii bhirmaatan,baayyinnii isaanii 14 fi isaa ol yoo tahaan

Bakkaa gurguddoo sadiitti qoodamu

.Qooddataa goobaan galeessaa

.Qooddataa Masaanuu

.Qooddataa Xiqqoo jedhamuun ramadamuu danda’aa

Akka Asoosama kanaattii ykn Asoosama onnee dhugaan madeesse jedhuu kana keessatti goobaan galeessa ta’uun seenaa asoosamichaa kan sochoosee dargaggoo ‘’ Obsaa Jiraataa’’ jedhamuudha. Qooddataan masaanuu ga’ee fudhatanii seenicha keessatti hirmaatanii kaayyoon goobaan galeessii fudhate ka’ee akka galma hin geenyeef karaatti hanbisuuf kaayyoon goobaan galeessa akka galma hingeenye kanneen godhan immoo:

Obboo Fayisaa

Gafarsoo fi

Gamsiisaadha.

Qooddatootnii xixiqqoon ga’e xiqqaa fudhachuun seenaa asoosamichaa keessatti bakka tokko tokko qofaatti mul’achuun jaargocha asoosamichaa cimsanii achumaan kan badaniidha.

Isaanis

.Haadha warraa obbo Gurmuu Aadde Qalanjii.

.Gaarii kolleejjii laqamtee obsaa wajjin kan ture.
.Jiituu ishee jaalala obsaan dararamaa turte.
.Aaddee Tsaayee haadha warraa obboo dhaabaa.
.Mo’aa obboleessa obboo kaayyoo warra obsaan biratti milkaa’e.
.Saajiin Beekaa isaa utuu obsaa mana yaalaatti geessaa jiruu karaatti saamamee obsaan lubbuun amma ijikee sibaasu murtii kana jalaa ba’ii badii jedhee
.Aannanee jaalallee obsaa ishee amanamtuu
.Hawwii obboleettii obsaa

Aaddee Kuulanii Haadha Obsaa.Obboo kaayyoo iddoottii obsaan barnoota isaatti milkaa’edha.

.Qooddataa guddaa /goobaan galeessa asoosama

.Obbo Jiraataa Abbaa Obsaa

.Obboo Ayyaanaa

Obbo Hundee

.obbo Gammachiis isa baacuu jaallatu

Onnee Dhugaa Madeesse

Akkuma armaan olitti ibsuuf yaallee goobaan galeessi asoosama kanaa qooddataa ‘’Obsaa’’ jedhamuudha.seenaa asoosama kanaa keessatti waa’een isaa jalqabaa hanga dhumaatti yoo ilaallee,dubbiinis ta’ee gochaan namni biraan waa’ee isaa kaasuun hirmaateera.qooddataan biroon kan isa tumsanis ta’ee kan faallasaa deemuun kaayyoo innii qabatee galmaan ga’uuf deemus kan karaatti harkaa hambisuuf sochoo’anis ni jiru. Haaluma walfakkaatuun barreessaan waa’ee qooddataa kanaa yoo ibsu:Aannaneen intala obboo Hundeeti. yeroo Obsaan balbala isaanii dura dhaabbatee loowwan fuudhuu isheetuu loowwan oofee gadii itti baasa.’’(Onnee Dhugaan Madeesse,2016:15) Waraabbii kana kewessattii yaadnii ifa ta’uu qabu,Obsaan goobaan galeessa asoosamichaa yummuu ta’uu Aannaneen immoo qooddataa xiqqoo keessaa kan obsaa /goobaan galeessa tumsuu taatee seenicha keessatti kan hirmaatteedha.Qooddataan faallaa goobaan galeessa kanaa ta’aan immoo fakkeenyaaf,’’,,Gaafasii kaasee jibbii obboo Fayisaan Obboo jiraataaf qaban dachaan dabale.’’akkamittianii innii qabeenyaa qabuu utuu jiruu namticha iyyeessa kanaa filuu ?‘’jedhee guunguma: gaafa’sanaa kaasee hin dubbannee malee,keessa isaatti sii ‘inkaa;iin jedha.dubbi isaa akkas jedhee eegalee obbo jiraatan ‘egaa...yaa sabakoo waantii hundinuu nidarba;(Onnee Dhugaan Madeesse,2016:7) Yaada kana irraa kan hubatamu obboo fayyisaan faallaa yaada obboo Jiraataa deemuu isaafi waan yaada obboo fayyiisaa fashaleessuu akka inni gochaa jiruu argina.

**3.5.2.Qooddattoota Xixiqqoo**

Qooddataa xiqqoon seenaa fuuldura adeemsisuu keessatti bu’aan isaan buusan xiqqoodha.yeroo baay’ee aluma tokko mul’atanii badu.Lafa isaan ka’aan malee lafa isaan ga’aan arguun diqama miti. Takka mullatanii baduun amala isaanii

keessa isa bu’uuraati.kallatti waldiddaa uumaniin qooddattota kana bakka lamatti qooduu nii dandeenya. Isaanis qooddataa adda duree fi qooddataa masaanuu jedhamuu. Waldiddaan asoosama kana keessatti argamu isaan gidduutti uumamee jechuudha.

### 3.5.3 Qooddataa adda duree asoosamichaa

Seenaan asoosama tokkoo isaan irratti jalqabee isaanuma irrattii kan xumuramuu yoo ta’ee Qooddattoota adda duree jedhamu.Jaargochii seenaan asoosamichaas isaanuma irratti ijaarama. Seenaa asoosama tokkoo keessatti gochootnii isaan raawwatan hunduu  isaaniin walqabatu seenaa asoosamichaa fuuldurattii sochoosuu keessattis hunda caalaa ga’ee taphatu.Haaluma kanaan adda dureen qooddataa asoosama kanaa ;Obsaa ,Hawwii,Aannanee,obbo Jiraataa,Aaddee Kuulanii, obbo Hundee obbo jiraataa gamsiisoo gafarsoo   kanneen jedhamaniidha.fakkeenyaa ‘’Jireenya obbo jiraataaf kan haadha warraa isaanii Aaddee kuulanii namoota baayyeetu dhibama.’’(Onnee Dhugaan Madeesse,2016:4)

Gara keessa asoosamichaatti yoo xiqqoo seenan immoo

Namoota obsaan mana isaanii deemee loowwan fuudhuufi  geessuu keessaa obboo hundeen isa tokkoodha.(Isuma,2016;14)

Gara walakkaa asoosamichaatti yommuu deemaan immoo “Aannaneen ergaa obsaan irraa adda ba'ee keessi ishee Gammadee hin beekuguyyaas ganamas waa'ee obsaa yaaddi."Narraa fagaachuunsaa nayaaddessuus obsuun qaba.’’(Onnee Dhugaan Madeesse,2016:37)Gara dhuma asoosamichaa irrattis kan jiru,”Obsaan’ goota dhugaa;’ dhugaa dhugaaf dhaabbatee’’ jedhee Qubeelaa quba Aannaneetiif dire.(isuma,2016:66)

Waraabbilee sadan duraa duubaan armaan olitti dhiyaatan kana yoo ilaallee waa’een /yaadaa goobaan galeessa jalqabaa hanga xumuraatti  sabseenaa  asoosamichaa ijaaruun  seenaa asoosamichaa keessatti akka mullachuu danda’uudha. Qooddataan adda dureen tokko  sababa jalqabee hanga dhumaatti mul’ateef goobaan galeessa ta’uu hin danda’uu,.Garuu yaada goobaan galeessaa deggaruuf/ tumsuuf sabseenicha jalqabaa hanga tarkaanfachiisuu ni danda’a.

## 3.5.4.Qooddattoota Masaanuu Asoosamichaa

Qooddattootnii masaanuu seenaa  asoosamaa Waldiddaafi walfalmii  seenaa asoosama lamaati.humnootni nkunis hayyuu duree fi masaanuudha.Goobaan galeessa gufachiisuuf

deemuun kanneen waldiddaa finiinsisan Masaanuu jedhamu.Ga’een masaanuun fudhatan innii guddaan kaayyoo goobaan galeessaaa karatti hanbisuufi hojii isaa danquudha.

Waan goobaan galeessii karoorfatu hunda,karaatti hanbisuun akka innii galmaan hinga'aanneef hin milkoofne gochuudha.

Haaaluma kanaan qooddataan masaanuu asoosama Onnee Dhugaan Madeessee,

Obbo Fayyisaa,Gafarsoo fi Gamsiisaa Obbo fayyisaan ergaa gaafa qarshii liqii gaafatee dhabeetii karaa ittiin lubbuu obboo Jiraataa baasuu barbaada.

Isaan muraasnii maqaan isaanii armaan olitti barreffame kun seenaa asoosamichaa keessatti ga'een isaan qaban inni guddaan kaayyoo,maatii obsaa balleessuu fi jireenya maatii goobaan galeessa kanaa balleessuudha. Isaan muraasnii maqaan isaanii armaan olitti barreeffamee kun seenaa asoosamichaa keessatti ga'een isaan qaban inni guddaan kaayyoo,Obsaa,obbo Jiraataa,Aaddee Kuulanii, Hawwii, Aannanee, obbo Ayyaanaa, Obbo Hundee, Aadde Qalanjii,Obbo Ayyaanaa,obbo Gammachiis,obbo kaayyoo,moo'aa aaddee Tsaayee,Gaarii, Zaajiin Beekaa. Kaayyoowwan isaan kun galmaan ga'uuf fudhatanii kaa'aan karaatti hambisuun iddoo adda addaatti kanneen waldiddaa uuman waan ta'aniif qooddatoota masaanuu jedhamuun kanneen asoosamicha keessatti gaq'ee olaanaa qabaniidha.

## 3.6.Ga'ee Qooddatoota Asoosama Onnee Dhugaan Madeesse

Qooddattootnii hojii ogbarruu keessatti qooddachiifaman martii haala irratti hunda'aan ni qabu,Akkasumas tooftaa ittiin seenicha keessatti hirmaatan ni qabu.Ga'een isaan achii keessatti hirmaachuun ba'aanis barreessaan duraan dursee sammuu keessatti kalaquu qaba.

Haallii barreessan itti qooddattoota isaa ga'ee fudhachiisuus jaargocha asoosamichaa keessatti haala walsimatuun hiriiree kan argamu ta'uu qaba.

Haaluma kanaan ga'een qooddataa asoosamichaa bifa seenichaan wal simateen qoodnee yoo ilaallee kan armaan gadii kana fakkaata.

### 3.6.1.Qooddattoota Ga'eeHaadhummaa/Dubartummaa fudhachuun hirmaatan

**1.Aadde Kuulanii**

Qooddattuun kun Ga'ee dubartummaa yookaan haadhummaa fudhachuun hirmaatte.

B arreessaan qooddataa kanaa kallattiin waa'ee ishee yummuu seenessu:'',,,Aaddee Kuulaniiniis yeroo mara qoraan dugdatti fe'aachuun gara magaalaa fidanii gurguruun waan miidhaan bitanii

ijoollee jiraachisu.,,’’ (Onnee Dhugaan Madeesse,2016:4) As keessattii qooddataan kun hawaasa keessattiihaatii hammam akka dadhabduu fi maal gochuu akka qabduu ilaalchisuun dhiyeesseera.kun immoo qooddataan kun hawaasa keessattii qabatamaan ga’ee nama dhugaa addunya kana irraa fudhachuun dhiheessuun isaa gha’ee guddaa qaba. Walittii dhufeenya Aaddee kuulaniin ilmaan ishee fi akkasumas abbaa warraa ishee ,obbo Jiraataa, ilmaan ishee immoo obsaa fi hawwii waliin qabaachuun ga’een ishee asoosamicha keessattii ga’ee isheen qabduuf illee gochaaf dubbii ishee kana irraa ubachuutamuun ni danda’ama.

Haala kanaanis Aaddee kuulaniin haadhaa akka gaariitti ilmooshee guddistuuf maatiishee bu’aa ba’ii kamiin dandamatee adeemsisaa jiruu ta’uu isheef ragaan ubachuu ni dandeenya.’’,,,Namoota Aaddee kuulaniin qoraan geessituuf keessaa maatiin obbo Gurmuu isaan tokkoodha. (isuma,7)

Akka ragaa armaan olii kanatti Aaddee kuulaniin gochaa isheen maatii isheef gochaa jirtuu kana dadhabbii meeqa baaftee gatii isheen baasaa jirtuu kana maatiin obboo gurmuu Aaddee Qalanjiin ragaa ni ta’uu jechuudha. Haadhaaf ilmoo gidduu walittii dhufeenyii uumamaan jiruu baay’ee cimaadha. Akkasumas abbaan manaaf haatii manaa bakka deemaniif waan hojjetan walgaafachuun yoo raawwatan jaalallii akka isaan gidduu jiruu beekamaadha. Keessaayyuu namootni ijoollee muraasa qaban ijoollee isaaniitiif iddoo

olaanaa qabu. Kanaafuu Aaddee kuulaniin ba’aa ba’iin jireenyaa ammam itti ulfaatuyyuu gatii guddaa baaftee maatiishee danda’aa jirti. Asoosama kana keessatti egaa barreessaan ga’ee aaddee kuulaniitti kenneen ga’ee haadhummaa akka isheen baatuu yookaan ga’ee haadha tokko irraa eegamuu akka isheen raawwatu godheera.akka haadha warraa tokkootti hawaasa keessatti gicha haadha tokko irraa eegamuu ilaalcha hawaasa keessatti haadha warra tokkorra maal akka eegamuu hubachiiseera. Itti dabalee Haatii warraa yoo abbaaqn warraa ishee fagoo deeme ‘’,,, Maal harra’oo turtanii …maaltaatan?’’jettee sagalee mararteen gaafatte (isuma,9) jaalala isaan ilmaan isaaniif qaban barreessan yoo ibsuus (isuma,7) Haala kanaan Aaddee kuulaniin ga’ee fudhatteen kaayyoo isheen seenaa asoosamichaa keessattii qooda fudhatte, barreessan ga’ee isheen bahuu qabduu hundaa xiyyeeffannoo keessa galchuun ulaagaa qooddachiisuutiin ga’ee kennuu danda’uu bakka buusee guutummaan guututtii hirmaachisuuf yaaleera.

**2. Aaddee Qalanjii** 23

Asoosama kana keessattii aaddee qalanjiin ga’ee haadhummaa fudhachuun Haatii warraa obbo Gurmuu qalanjiin aaddee kuulanii baay’ee jaalatti garaa itti hin jabaattu hamma humnashee ni gargaartii keessumaa keessumaa gargaarsa yaadaa isheen kuulaniif laattu utubaa ta’eef bor

karaa dhala ishee akka darbuuf itti himti.dhugaa hawaasa keessatti nama mudachuu danda’uu yoo obsan immoo darbuun akka danda’amuu ga’ee ishee baatee itti himteetti isheenis qooddata xiqqoo keessatti kan qoodamtuu taatee ga’ee ishee baatetti. Dubbi isheen dubbatte irra ga’ee ishee baruun ni danda’ama.’’,,, Bor karaa dhalashee akka darbuuf itti imtee uffatas ni laattif (isuma,7)

Muka jigeetti qottootu baayyata jedha oromoon Aaddee kuulaniin jireenya ishee fooyyesuuf guyyaa tokko illee boodatti deebitee hin beektuu abbaan warraa ishees obbo jiraataan bu’aa ba’ii iyyummaa kanaan baayyee dararama.Utuu bu’aa ba’ii kanaan jirtuu aaddee kuulaniin ’’,,,guyyaan isaa kibxata guyyaa abaaramaa ture.Aaddee kuulaniin daa’mashee guddisuuf dafqa ofirra lolaasaa,qoraan osoo gara magaalaatti geessa jirtuu waantii hinbeekamnee qoraan baachaa jirtuu waliin qarxam jettee kufte.karaa walakkaatti homaa dubbachuu hin dandeess hoomachii afaaniif funyaaniin yaa’uu eegalee namootni karaa deeman gaafa argan qoraan dugdatti baattee ijaa gala galchitee ciiftii aaddee kuulanii ta’uu baran ‘’(isuma 28,29) aaddee kuulaniin ijoollee isaaniif maatii isaaniirra du’aan adda ba’aan

Aaddee kuulanii aaddee qalanjiin jajjabeessituus waan guyyaan baatuu waan hin beekamneef kaayyoon aaddee kuulanii karatti hsafe.barreessaan kun dhugaa hawaasa keessatti nama mudachuu danda’uu dhugaa jiruun qooddachisee jaargocha ijaarama seenaa asoosama kanaatin ibse.

**Aaddee Tsaayee**

Qooddattuun kun qooddattoota xixiqqoo keessaa tokko taatee ga’een isheen seenaa asoosamichaa keessatti qabduu baay’ee xiqqoodha.Qooddattuun kun haadha warraa obboo dhaabaatii Hawwiin erga manaa obboo dhaabaa obboleessa urgeessatti galtee maatii obboo dhaabaa aaddee tsaayeen baay’ee dararamaa jirtii maarree idda malee xannachii hin dhiiguu jedhama mitii?’’…Anii ammaa jalqabee mana keessanii deemaan jira jettii hawwiin aaddee tsaayeen ‘’maalltuu sitti badee waantii hunduu xuruudha amma dafii olmalliis’’ jettee akka afaan sheef amalasheettii aaddee tsaayeen (isuma,61) barreessan kun dhugaa hawaasa keessatti nama

mudatuu bifa kanaan qooddachiisee seenaa jaargocha ijaarama asoosama kanaa keessatti nu hubachiiseera.haala kanaan qooddataan kun dubartiin gaarii namaaf yaadduu akkuma jirtuu dubartiin hamaa namarratti yaadduu bifa barreeffama kanaan Aaddee Tsaayee dubartii hamtuutti fakkeessee kaa’eera.

**3.6.2 .Qooddattoota Ga’eeAbbummaa fudhatan**

## Obbo Jiraataa

Qooddataan kun qooddatoota xiixxiqqoo addaa duree fudhatan keessa tokko ta’ee ga’ee abbummaa fudhachuun,waan addunyaa dhugaa kana keessatti abbaan maatii tokkoo raawwachuu danda’uuf waan abbaa maatii tokkorra ga’uu danda’uu seenicha keessatti hirmaateera. Haaluma wal fakkaatuun qooddataan obbo jiraataa jedhamuu kun abbaa warraa aaddee kuulanii kan ta’eef abbaa obsaaf Hawwii kan tureedha. Haadha warraa isaanii aaddee kuulanii waliin ijoollee lama qabu.yeroo waldaan walgargaarsaa oromoo ittii gaafatamaa waldichaa gochuuf isa filetti obbo fayyisaan namtittii kanaa utuu an inni sooreessi jiruu akkamitti ishee filuu jechuun yummuu inni itti aaruu jalqabee akkaataa armaan gadii kanaan dhugaasaa ubachuu dandeenya ‘’,,,Obbo Jiraataan hiyyeessa ta’aanis sammuun sooressadha.Warreen garaaf jiraatanirra beekumsa cimaa qabu.obbo jiraatan dubbii dhugaa dubbatu: gaafa haasa’an g aafa haasa’an, ‘’ Dhugaa yoo dubbannee dhugaan kabajamnaa. Sobaan kabajamuun salphina,badiisa karaan sobaan darban gala nama dhiba’’ jedhu. Kanaaf namoota naannoo isaanii biratti kabajaaf jaalala addaa qabu.Obboo jiraataan

qarshii qabaa waldichaa yoo tahaan, obboo gammachiis dura ta’aa waldaa sanaa ta’uun filataman. Gaafasii kaasee jibbii obboo fayyisaan obboo jiraataaf qaban dachaan dabale.(onnee dhugaan madeessee,2016:6) ga’een abbummaa askeessattii barreessan kun qooddachiisee abbaan gaariin akkuma jiruu abbaan gadhees of duwwaa kan yaaduu jiraachuu barreessann kun bifa ijaarama jaargochaa asoosama kanaa keessattii obboo faayyisaa fi obbo jiraataa amala lamaan kanaan isaan gonfachiisee dhugaa hawaasa keessa jiruu lafa kaa’eera.

**2.O bbo Gammachiis**

Qooddataan kun  ga.ee abbumma fudhatee seenicha keessatti irmaateera.barreessaa  qooddataa kanaa kallattiin waa’ee isaa yoo seenessuu’’,,,Obboo Jiraataan qarshii qabaa  waldichaa yoo ta’aan obboo gammichiis dura ta’aa waldicha muuda a ta’uun filatamaaniiru.’’  (isuma ,6) as keessatti hawaasa kana keessartti maaliin akka beekamuu fi nama dhimma uummataaf dabbatee nama hubaachisuudha obboo gammachiis kanaaf akkuma obbo jiraata  gita hojii tokko irratti maniiru.barreessaan kun haala kana duukaa bu’uun qooddataa kana ga’ee abbummaan qoodee akkaata seeneffama asoosama kanaatiin dhugaa hawaasa keessa jiruun ga’ee abbummaa obbo gammachiis qabu nuuf ifoomseera.

**3.Obbo Hundee**

Qooddataan kun ga’ee abbumma fudhatee seenicha keessatti irmaateera.Barreessan kallatti qooddataa kana waa’ee isaa yoo seenessuu obboo  hundeen abbaa Aannanee jaalallee goobaan galeessaa turan ‘’Aannaneen intala obbo Hundeeti gaafa obsaan balbala isaanii dura dhaabbatee, loowwan fuudhu isheetu loowwan oofee gadi itti baasa.’’(isuma,15

keessatti qooddataan kun ga’ee abbummaat kennee fi dhugaa hawaasummaan bifa ijaarama jaargoca seenaa kanaan obbo hundumaan abbaa eenyuu akka ta’ee nuun hubachiiseera.

## 3.7.Ga’ee Jaalala Dargaggootaa kan Jaalleewwanii Fudhachuun kn hirmaatan

## 1.Aannanee

Qooddataan kun ga’ee jaalalan/hiriyummaa bifa ijaarama seenaa kanaatii  qooddachiisee kaa’eera akka barreessan kun nuuf ifoomsetti kan armaan gadii kana fakkaata.

‘’,,Jaalalli maalii?  Daandii akkamiin  sammuu namaa seenee nama qabataa?kun sammuu jaallattootaa keessatti yummuu inni hojjetuu malee,akkamiin akka itti seenuu ibsuun rakkisaadha.,,,’Aannanees jaalala dhugaa isheen obsaaf qabdutuu  dhugaa baatuu ishee taasise’’ (isuma:21)  as keessattii qooddattuun kun jaalallii maal akka ta’ee hiikoo jaalalaa yeroo isheen nutti odeessitee dhugaa hawaasa keessaa jiruun gurraanis dhagee nyee bifa ijaarama seenaa gaargocha kanaan barreessaan nuuf ibseera.kanaaf Aannaneen hiriyaa yookaan jaalallee gooban galeessa ta’uu ishee

**3.7.1.Xiinxala eenyummaa keessoof alaa qooddataaf qooddachiisaa**
waliin dubbii fi yaada isheerra ubsanneerra

Barreessanis haaluma kanaan dhugaa hawaasa keessa jiruu fudhachuun qooddattuu kana jaallatamtuu godhee Obsaammo jaallataa godheera.

Qooddataa keessoof alaa yummuu jennuu kanneen armaan gadii kana tahuu danda'uu isaanis:qaamaan, amalaan, xiinsammuun, hawwaasummaan,Waliin dubbiin isaan keessa kanneen muraasa yoo fudhannee,
Qaamaan kan eenyummaa goobaan galeessaa qooddachiifnee ilaalla.
Akkuma armaan olitti kaasuuf yaalle goobaan galeessii asoosama kanaa dargaaggoo obsaa jedhamuu yommuu ta'uu. Jalqaba hanga dhumaatti seenaa sasoosama kanaa keessatti hirmaachuun ga'ee abbummaa kan fudhatee dargaggoo Obsaa jedhamuudha eenyummaan isaa kun immoo Obsaan "…Osaanis mucaa magaala kan mataan isaa luuccaa … sinboo qabeessa ilmaatii.''(isuma,8)
2
Yaada kana irraa kan hubatamu, barreessaan kun dhugaa hawaasa keessa jiruun qooddachiisuun qooddataa kanaaf eenyummaan qaama isaa maal akka fakkaatu seenaa ijaarama jaargocha asoosama kanaan qoodee yookaan hamala namaa hirmaachisee nuttii argisiiseera.

## Hawwaasummaa

jaallatamaadha jechuudha.Barreessaan kun dhugaa hawaasa keessa jiruun haammachiisee
Obsaan nama dhaabbii bareedaa qabuudha…namnii yeroo obsaa bira taru waa'ee luuccaa mataa isaa kan hin haasofnee hin jiruu yoo hinaaftuu taate malee (Oonnee Dhugaan Madeesse,2016:14) hawaasummaan yoo ilaallee obsaan mucaa aargocha ijaarama seenaa kanaan qooddachiisee ilaalcha hawaasummaa keessatti waantoota mul'atan, nuttii akka agarsiisee bifa qooddachiisuun yookaan amala hawwaasummaa gonfachiisuun nutty himeera
Xiinsammuu
Akkuman armaan olittii ibsuuf yaale, goobaan galeessii obsaa jedhamuu kun seenaa asoosama kanaa keessattii jalqaa amma dhumaatti irratti irmaachuudhaan qooddataa cimaa kan jedhamee kun nama cimaa fi sadarkaa barnoota isaa keessatti 1ffaa 1ffaa ba'uun sadarkaa kolleejjitti 4 galmeessee kolleejjii keessattii barachaa turee keessatti madaaliyaa kaasuun badhaafameera.

Akka armaan gadii kanatti ilaalla.’’…Obsaanis Dadhabbii maatii obboo mo’aa fi obboo kaayyoo lafattii hin balleessine.Akka mooraa kolleejjichaatti qabxii afur( 4) galmeessuudhaan 1ffaa ba’ee meedaaliyaa badhaafame.’’(Onnee Dhugaan Madeesse2016:62)

Haala armaan olii kana keessatti barreessaan ijaarama jaargochaa seenaa hawwaasa keessa jiruu namnii cimaan akka jiruu qooddataa kana bichinaa yookaan ciminaa sammuun qabee nutty argisiiseera kanaafuu gama xiinsammuun eenyuumman isaa cimaadha jechuudha.

27

**3.7.2. Xiinxala eenyummaa keessaf alaa qooddattoota masaanuu**

Akkuman armaan olittii kaasuuf yaalee jaargocha ijaarama seenaa kanaa faallaa goobaan galeessa kan ta’ee obbo Fayyisaa jedhama obbo fayyisaan akka seenaa ijaarama jaargochaa kanaatti nama bulee ka’ee faallaa goobaan galeessa kanaa deemuudha.innisii sababa

inaaffaarraan kan ka’ee dhukkubbii garaa yaada qaba.utuu kanaan qofaa rakkatuu gaaftokkoo yaadnii tokko dhufteef innis akka armaan gadiitti dhiyaateera.

‘’Obboo Fayisaan Gafarsoof Gamsiisaa waliin lubbuu obboo Jiraataa baasuuf qarshii kuma shaniin(5000) waadaa waliif seenan’’ (isuma,38)

As irrattii qooddataan kun maatii goobaan galeessaa kana balleessuuf ammaam akksa inni irrattii xiyyeeffatee bifa ijaarama jaargocha dhugaa hawaasa keessa jiruun yummuu inni mul’isuu argineerra.yookaan barreessan kun nuhubachiiseera jechuudha.

Hawwaasummaa

Obbo Fayisaan ollootaa obboo jiraataa keessa tokko. Obboo Fayyisaan namoota qabeenyaa qaban keessatti ramadamanis mana isaanii keessa jaalalaaf tokkummaa hin qaban ganamaaf galgala jeequmsaan mataa waldiigu’’(isuma,5) as irratti barreessaan kun seenaa dhugaa hawaasa keessa jiruun wal qabsiisee eenyummaa moorkataa kanaa ilaalcha hawaasummaa keessatti manni isaanii akka nagaa hin qabneetti fakkeessee nuuf qoodeera

Akkuma beekamuu qabeenyaa qabaachuun nagaa qabaachuu akka hin taanee yaada barreessa kanaa irrraa ni hubanna jechuudha.kanaaf hawaasummaan maatiin Fayisaa nagaa hin qabuu jechuudha.

Xiinsammuu

Akkuma gararraatti kaasuuf yaalleetti yaadnii qooddaataa morkataan goobaan galeessaa kun  qabuu.yaadaa ofittummaa fi yaada nama hin ijaarrwaantii hundumtuu anaaf ata'uu 28

namnii dhokatee, an duwwaan yoon mulladhee yookaan namnii teellaakoo ta'ee an angafa namaa yoon ta'ee maalta'aa yaada jedhuun liqinfamee jiraachuu isaa barreessaan kun jaargocha asoosamaa dhugaa hawaasa keessa jiruun hirmaachisee seenaa qooddataa kanaa akka kanatti qoodee nutti agarsiiseera.

''…Obbo  Fayisaan takkaa waan gaarii yaadee hin beekuu karaa kamiinaan nama balleessu '' jedhee  yeroo mara yaadaa oola.(isuma,37)

Ilaalchii keessoo xiinsammuu obboo fayisaa badiin   innii namaa yaaduu. Barreessaan kun dhugaa hawaasa keessa jiruun qooddachiisee  ijaarsa  seeneffama kanaan nuttii agarsiiseera.barreessaan kun xiinsammuun obboo fayyisaa dhumarrattii maal irraatti akkaa raawwatee akka armaan gadiitti nutty agarsiiseeraa inniskan armaan gadii kana fakkaata

'' Gamsiisaa fi Gafarsoon obboo Fayisaaf waan gaarii yaaduu dhiisanii jiru.Innis kaffaltii lubbuu obbo jiraataa baasuuf walii galan keessaa  qarshii kuma sadii (3000) qofa waan

kenneefisaanis karaa ittiin lubbuu isaa balleessuu barbaaduu eegalan.''Lubbuu nama nagaa nubaasisee maallaqa keenya nudhowwataa?'' jechuun ilkaan itti qaruu obboo Fayisaanis ija isaanii ni dhokata  (isuma,46)    barreessaan kun dhugaa hawwaasa keessa jiruun ijaarama jaargochaa kanaa akkaata ga'ee ga'ee isaaniin qooqqoodee nutti agarsiiseera.xiinsammuun obbo fayyisaa dhummisaa akkam ta'aa laata  akka armaan gadiitti ilaalla.

''Guyyaansaa wixata galgala keessaa sa'aa 2:30 ta'ee jira.Obsaan ojiirra oolee gara mana isaatti osoo galuu gochii fuuldura isaatti ta'aa jiru' abjuu itti ta'ee.Gamsiisaaf Gafarson obbo Fayyisaa akka nama bineensa dhaa jiruutti dha'uu naannoo sana obsaa malee namnii hin jiru gaafa inni fiigee bira ga'uu obbo Fayisaa irra mormii hin jiru''. (Isuma :47)  barreessaan kun dhugaa hawwaasa keessa jiruun  jarreen kana bifa ijaarama seenaatiin qooddachiisee yummuu nutty argisiisuu xiinsammuun jarreen faallaa goobaan galeessaa kun dhumnii hojii isaanii isaanuma galaafachuutti akka geese nu agarsiisa ammas akka itti aanuuttii ilaalla

‘’…Gamsiisaa fi Gafarsoon maallaqnii qaban harkaa dhumee akkaataan jireenya isaanii bitaa itti galeera. Bakkee ba’aanii jennaan to’annaa jala waan oolaniif sodaacha jiraachuun kun hedduu isaan mufachiiisaa jira. Gaaf tokko gara galgalaa Gamsiisaan mataatti gad aguuggatee sigaaraa bituuf magaalaatti sokke. Gafarsoon qofaa isaa dhaabbatee murtoo fudhachuu qabuyaadaa jira,gajara baatuun nama isaa ajjeesuudhaaf itti adeemaa jiruuf isa qabuu dhufeedha se’ee rukuttaa namnii nama lubbuu qabuu ittiin nama dha’uu mitii akka nama bineensaa ofirraa aggatuuttii tokkichaa haraka isaa bobaa jalaa yaafatee saggoorrattii gadii dhiisuun,

dha’ee lafa buusuun .“….ani hanga yoomittan naasuudhaan jiraadhaa?” jedhee osoo ofitti dubbatuu namni duuba isaan itti dhufee isa qabe.Innis naasuun osoo hin hubatin billaa baatuun morma irraa buuse.Gafarsoon gaafa galagalee ilaalu mataan Gamsiisaa lafaa gangalata. Wayyoo Gamsiisaa koo sin nyaadhee, addunyaa irraa godaantee jirti gafarsoon reeffa Gamsiiisaa irraa dhaabbatee ofiis jiraachuu akka hin qabne murteesse. Shuugguxii mudhii isaa luqqisee morma isaa keessa of buuse.(isuma,58,59) barreessaan kun xiinsammuun jarreen kanaa dhumnii isaanii maal akka ta’ee bifa ijaarama jaargochaa seenaa kanaatiin qooddachiisee nutty agarsiiseera dhuguma iyyuu namnii waanuma facaasee akka haammatuu raawwii gochaa kanaa irraa nu hubachiisa barreessaan kun.jechuudha.

### 3.7.3.Xiinxala eenyummaa Goobaan Galeessaa

## Obbo Obsaa

Akkuma armaan olitti ibsuuf yaalle goobaan galeessii asoosama kanaa obboo Obboo obsaa jedhama,waaa’ee isaa jalqabaa hanga dhumaattii yoo ilaalleeseenaa bal’aa asoosama kana keessattikan qabuu isaadhaa.ilma qotee bulaa ta’ee bakkii jireenya isaa baadiyaa kan jiraatuudha.haallii namummaa isaa baay’ee kan nama haawwatuu fi eenyummaan keessoo isaa daran kan nama haawwatuudha.nama hawwwaasa keessatti amala qabu jaallatamaa fi nama gara laafessa,miidhamuu namaa nama hin jaallannee nama namaaf jedhee miidhamuu fi nama nagaa barbaaduudha.akka armaan gadiitti ilaalla.(2016:8,14,38,)

Yaada kana irraa kan hubatamuu barreessaan kun ijaarama jaargochaa kanaan dhugaa hawwaasa keessa jiruun eenyuummaan obsaa akka ifa nuuf ta’uu godhee.Barreessaan kun dhugaa jiruu akka hubannuuf eenyummaa namaa bifa asoosama kanaan akka xiinxaluu barataa kana godheera jechuudha

### 3.7.4.Xiinxala eenyummaa Jaalallee Goobaangaleessaa

## Aannanee

Maqaan ishee Aannanee jedhamtii qooddattuun kun seenaa asoosama kanaa keessatti gargaartuu goobaan galeessaa taatee jalqabaa hanga dhumaattii seenaa kana keessatti qooda guddaa fudhatteetti

Aannaneen mucaa qal'oo diimtuu mucaa magaalaati yeroo obsaan  baadiyaa ba'ee magaalaa loon  fuuchuu dhaquu  isheetu gadii itti bahaa. Aannanee iyyummaan obsaa baay'ee ishee gaddisisee jira.Akka armaan gadiitti ilaalla.

Namoota  Obsaan mana isaanii deemee Loowwan fuudhuu fi loowwan  geessuu keessaa obboo hundeen isaan tokkoodha.Isaanis jiraataa magaalaa jaarsooti (2061:14)

As irrattii yaada kana irraa kan hubannuu,obboo hundeessaan abbaa  Aannaaneeti.Bakkii jireenya Aannanees magaalaa tahuu ni hubanna. Aannaneen ergii obsaan irraa adda ba'eetii kaasee keessi  ishee boqotee hin beekuu (isuma,37)

Yaada kanaa irraa waantii nutii hubannuu barreessaan kun haalaa ijaarama jaargochaa kanaan dhugaan hawaasa keessa jiruu maal akka fakkaatuu bifa barreeffama seenaa asoosama kanaan amala namaa,gaaruummaa, gadhummaa, iyyumma, sooromummaa, mudannoof hubannoo dhallii namaa qabaachuu qabuu hundaa hanga tokkoo haala ijaarama jaargochaa kanaa irraa nu hubachiisera jechuudha.

**3.7.5.Xiinxala eenyummaa keessoo obboleettii goobaan galeessaa**

Mucaan Hawwii jedhamtuu kun obboleettii goobaan galeessaa taatee  eenyuummaan keessoo ishee nama maqaa isa borii yaaduu fi nama seenaa beekuudha yaada kanaa akka armaan gadiitti ilaalla.''anoo abbaas dhabeen siinis dhabeen se'ee, eessaa dhuftee?kunoo abdiinkoo martinuu nattii dukkanaa'ee mana abbaakoo cufaatti hanbiseen as taa'uu filadhee.Obsaako, maaf garaa jabaatte? Maaf nuuf bilbiluu dhiistee bakka haadhakoo siinan ilaala mitii?'' jettee himimmaan dhangalaastee,,,ergaa atii galtee immoo ekeraan isaanii nu abaaraa kanaaf hojii guyyaallee haataatuu  waan harginee hojjennee mana abbaa keenyaa keessa jiraachuu qabna. (isuma 2016,44, 45)  Barreessaan kun dhugaa hawwaasa keessa jiruu fudhatee ijaarsa jaargocha asoosama kanaatiin dhugaa ubatamuu danda'uu shamarree hawwii jedhamtuuttii fakkeessee eenyummaa mucaa namaa namnii seenaa beekuufi rakkoon meeqa eenyummaa isaa akka isa hin dagachiifnee jiruu nuttii  himee hubannoo isaa irraa muuxannoo dubbistootaaf qoodeera jechuudha.

# BONNAAAFUR

## 4.Cuunfaa,argaannoo fi yaada furmaata

## 4.1. Cuunfaa

Boqonnaan kun mataduree xiinxala ga'eeqooddataaf qooddachiisaa asoosama Onneedhugaan madeesse jedhuirratti,kanbu'uureeffatuuyoota'uu qorannoon kun haalumakanaan boqonnaa afuriti qoodamuun kan dhiyaate ta'aa jechuudha.

Boqonnaajalqabaakeessatti Ariirrata,ka,uumsaQorannichaa Gaaffiiwwan qorannichii kaasuu Kaayyoo qorannichaa, kaayyooGooroo,KaayyooGooree,Barbaachisummaa qorannichaa,daangaaqorannichaa, Hanqinaqorannichaa,malawwaanqorannichaa,AkaakuuQorannichaa, fakkaatan isaan qaban heeruun ibsii kennameera. Maddaragaaleeqorannichaa,malootaittiinragaaleefunaaname ,malootaittiin iddataanfudhataman

BoqonnaalammaffaakeessttiQooddattootaxixiqqoo,Maalummaaqooddattootaa fi Qooddachiisuu,Sakatta'aa barruu walfakkii asoosama kanaa kanneen akka qooddataa,waldhabbii, ergaa,qooddataa fi qooddachiisaa, kallattiseenessuu, sabseenaa fi kkf kaasuunifaa ibii iirrattikennameera.Akkasumas qorannoowwaan kanaan dura qorannoon irrattii adeemsifamaan keessaa filachuun tokkummaa fi garaagarummaan isaan qaban qabiyyeen bifaaan dhiyeessuun, kaayyooni fi xiyyeeffannoon karoorfameera.

Boqonnaasadaffaakeessatti immoo xiinxala ga'ee qooddattootaafi qooddachisa asoosama dheeraa onnee dhugaan madeesse jedhuu irratti xiinxale jira. Kunis matadureewwan malleen, akaakuu qorannicha madda ragaalee qorannicha, maloota ittiin ragaleen funaanaman, maalummaa maqaa asoosama onnee dhugaan madeesse,ga'ee qooddattoota asoosama onnee dhugaan madeesse, ga'ee xiinxala eenyummaa keessoofi alaa qooddattoota qaama qorannicha keessatti kanneen armaan olii qorannichi xiinxale jira.

BoqonnaaArfaffaa kana keessattiimmoocuunfaa qorannicha, argannoo qorannicha fi yaada furmaata qorannichi ka'uufi akkasumas wabiin ka'amaniiru.

## 4.2.Argannoo

Qorataanqorannooisaakeessattiiyaadrimeeasoosamaa:asoosamniigosootaogbarruubarreeffamaakeessaatok kota’eeargaayaadaan, haalajiruufjireenyauummataaddunyaadhugaa kana keessattiiargamaniibarreessaanbifaaqooddataa fi qooddachiisaaittiuumuunhaalanamahawwatuufmiirato’achuudanda’uunkandhiyaatuakkata’eeibsaniiru.As oosamniicaaculeeaddaaddaakanneenakkaqooddataa:kanga’eeaddaaddaafudhachuunbakkanamootadhugaa naddunyaarrajiraniibakkabu’uunga’eefudhatani,amalaachiikeessattiargisiisanirrattihunda’uunqooddatoota gurguddoo,qooddataafqooddachiisaa,goobaangaleessaa fi qooddattootaxixiqqoojedhamuunakkaqoodamanibsamaniiru.kanamalees , qooddataanasoosamaOnneeDhugaanMadeesseaddabaasuunga’eebarreessaanittikenneejaargochaseenaaaso osamichaaijaaruunjalqabaahangadhumaattiitiinadeemsiseenxiinxaluunaddaaaddaba’aniiqorannookanaand hiyaataniiru.

## 4.3.Furmaata

Qorannoonyerooaddaa addaa adeemsifameakkaibsuttiasoosamnigosaogbarruubarreeffamaakeessaatokkota’eeumuriinargamuu fi tajaajilakennuunisaadhiheenya kana akkata’eehimamama.Dameenogbarruuhaalajiruufjireenyailmanamaaaddunyaa kana keessajirataniisuuraakaasuunkanmul’isuu fi yeroodubbisaanmiiranamaato’aachuunbashannansiisaakanbarsiisuta’eesadarkaan dame kanaaguddachuudanda’a. kanaafhundumtuuakkaittiiyaaduufqorannookanaandhaama

## Wabii

Amantee Lookoo Guutamaa(2016) Asoosama Onnee Dhugaan Madeesse

Fedhasaan (2019:93) Asoosamni mudannoofi mufannoo hawaasnii tokko ,,,

Gunter (1975:10) The writer emotional and sytylistic approach to the subject matter must be built to the idea.

Halic and burnet(1975),Major characters is a person in a literary selection who is ,,,,/

Harry shaw (1905) in letrature such an adversary character is the principal opponent or foil,,,

htt://WWW. Rachel simon character analysis

James Hennry.(1975)The House Of Fiction.London Report Hart printing press

(Lataa Tasfaahun,2003:11) Waa'ee Qooddattoota Qaamaan hirmaachisuu heera.

KookeetAbbabee.(2016).Madaa Laagaa:Asoosama Dheeraa Finfinnee Oromiyaa

Zarihun Asfaw (1996:154) Seenaan Asoosama tokkoo yoo dhiyaatu dursa irraatti seenichii kan eenyuuti gaaffi jedhutuu ka'aa jedha.